Guluffii Fardaa

Afaan Oromoo

Kutaa 4

Leveled

Guluffii Fardaa

Afaan Oromoo

Kutaa 4

Leveled

Kitaabni deggarsaa kun gargaarsa maallaqaa ‘USAID’ irraa argameen Dhabbata ‘Save the Children’ fi Biiroo Barnoota Oromiyaa Wajjin qophaa’ee kan maxxanfamedha.

Bara 2009/2017

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/

Yaadannoo gabaabaa maatiifi barsiistotaaf

- Yaadannoon kun akkaataa ati barreeffama kitaaba dabalataa kanarraatti dhiyaate barattoota kee ittiin dubbisuu shaakalsiistu siif dhiyaate.

- Osoo gara dubbisaa hinseenin dura gaaffiilee dubbisa duraa akka barattoonni irraatti mari'atan taasisi. Kanaanis yaada isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidatan, muuxannoo isaaniis akka walyaadachiisan taasisi.

- Itti aansuun, barattoota rakkoo dubbisuu qabaniif gargaarsa taasisuun akka isaan dubbisan taasisi.

- Dhumarratti, gaaffiilee dubbisuun boodaa akka isaan hojjetan taasisi. Haala kanaanis dubbisanii ergaa barreeffamichaa akka hubataniifi akka madaalan taasisi.

Gaaffiilee Dubbisuun Duraa

Dubbisa armaan gadii osoo hindubbisiin dura gaaffiiwwan armaan gadii deebisaa.

1. Guluffii Fardaa argitaanii beektu?

2. Farda yaabdanii deemuu barbaadduu? maliif?

3. Farda gulfuun ispoortii akka ta'e beektuu? Sababa isaa ibsaa.

Boqonnaa 1: Shaakala Guluffii Fardaa

Guyyoon barataa kutaa saddetiiti. Umriin isaa waggaa kuudha ja'a. Guyyoon miilli isaa bitaan waan hokkoluuf ulee qabatee malee adeemuu hindanda'u. Guyyyoon haa hokkoluyyuu malee dandeetti adda ta'e tokko qaba. Gurbaan kun ofiisaatiin farda yaabbatee bakka barbaadee oolee galuu danda'a.

Daa'immuumaa isaatti abbaan isaa farda irratti uddeelatee magaala deemee dhufa ture. Yeroo kana abbaan isaa fuuldura isaatti Guyyoo qabata. Guyyoon yeroo dhukkubsatus abbaan isaa haaluma kanaan farda irratti isa qabatee mana qorichaa geessee fida ture.

Guyyoon abbaa isaa waliin farda yaabbachuun baayyee isa gammachiisa ture. Hiriyoota isaattis waa'ee farda gulufsiisuu odeessee hinquufu ture. Beelladoota maatiin isaa horsiisan keessaas fardeen baayyee jaalata. Jaalala fardeeniif qabu irraa kan ka'es bakka horiin itti bobba'an ooluu jaalata.

Keessumaa, Guyyoon ilmoo fardaa baayyee jaalata. Ilmoon fardaa haadha ishee irraa fagaattee fiigaa oolti. Fiigichiifi miidhagni ilmoo fardaa Goyyootti tola. Guyyoon ijoollummaa isaatti ilmoon fardaa yoo dhalatte, 'kun farda kooti' jechuu jaalata. Maatiin isaas fedhii isaa

waan beekaniif ilmoon fardaa yoo dhalatte ‘farda Guyyooti’ ittiin jedhu turan.

Kana malees, Guyyoon daa’imummaa isaatti ‘ilmoo fardaa qabeen yabbadha’ jedha ture. Gara ilmoo fardaattis adeemee qabuuf yaalii godha. Maatiin isaas farda jala bu’ee akka hinmiidhamneef baayyee sodaatu turan. “Lakki dhiisii,” yoo ittiin jedhanii itti dheekkamanis niboo’a. Maatiin isaa waan qabaniif waan gadhiisan wallaalanii sossobuutti ka’u.

Guyyoon umriin isaa waggaa kudhan yoo ta’u gargaarsa maatii isaatiin farda irraa taa’uu jalqabe. Yeroo kana akkuma abbaa isaa cancala qabachuu barate. Miilla isaatiinis farda tutuquufi dhadhaabbata isaa fuuldura isaatti qabachuu abbaa isaatu isa barsiisee. Guluffii Fardaas gargaarsuma abbaa isaatiin bare.

Yeroo muraasa booda, Guyyoon farda yaabbachuun qabatee deemee deebi'uu barate. Yeroo kanas baayyee gammada. Gorsa maatii isaa bira darbuu sodaateeti malee fagaatee deemee deebi'uun fedhii isaati. Haaluma kanaan erga suuta suuta shaakalee booda Guyyoon ofiin of danda'ee farda yaabbachuufi bu'uu, deemuufi deebi'uu danda'e.

Guyyoon akkuma abbaa isaa irraa barate, haala adda addaan farda gulufsiisa. Yoo namni isa waliin lafoo adeema ta'e taphachaa adeemuuf farda isaa suuta adeemsisa. Yoo immoo haala isatti toluun bashannanaa adeemuu barbaade farda isaa saggaarsisa. Takka takka ammoo ni suksuksiisa; achii arfan fuusisa. Bakka walqixa ta'e yoo argemmoo haalaan gulufsiisa.

Farda koranii adeemuun Guyyoo irratti miidhagina addaa qaba. Namoonni naannawa jireenya isaafi hiriyyoonni isaa baayyee isa ajaa'ibsiifatu. Innis haala kanaan dandeettiin isaafi amleen isaa cimaa adeeme. Guyoon dhimma abdii kutachuufi dhimma keessatii bakka kenneef hinbeeku. Yeroo hunda ofitti amana; waan guddaa yaadee shaakala godha.

Boqonnaa 2: Fardaan Mana Barnnootaa Deemuu

Guyyoon erga ofiisaatiin of danda'ee fardaan adeemuu bareeti kan inni mana barumsaa gale. Sababni kanaas qaba. Manni barumsaa bakka jireenya Guyyoo irraa baayyee fagoo waan ta'eef. Mana Guyyoofaa irraa hamma mana barumsaatti sa'atii lama fudhata, kunuu nama si'a qabeessaf.

Waan kana ta'ef, Guyyoon miillaan adeemee barachuu hindanda'u. Guyyoon gara mana barumsaa ga'ee deebi'uuf fardi akka isa barbaachisu abbaan isaa duraan hubatee ture. Kanaafis abbban isaa Guyyootiin farda koruu shaakalsiisa ture. Akka ofii isaatiin of danda'ee farda yaabuu jalqabeenis mana barnootaa kan gale kanaaf ture.



Guyyoof farda Yaabanii deemuun hiika adda addaa qaba. Karaa tokko fardaan adeemuun geejjiba aadaati. Karaa biroo farda koranii suuta adeemuun, saggaarsisun, suksuksiisuun, arfan fuusisuuf gulufuun ispoortiidha. Guyyoof fardaan adeemuufi barachuun wal isaaf qabateera.

Guyyoon farda isaatiin gara mana barnootaa ga'ee deebi'uuf itti gargaarama. Guyyoon akkuma barattoota miillaan deemanii baratanii ganama bariin ka'a. Erga fuula isaa dhiqatee ciree isaa nyaata. Sana booda farda isaatiin deema.

Yoo baayyee itti barfateera ta'e farda isaa gulfsiisee yookiin arfan fuusisee yerootiin mana barumsaa ga'a. Yoo baayyee itti hinbarfanne ta'e farda isaa suksuksiisaa barattoota warra barii ka'e qaqqabee waliin mana barumsaa ga'a.

Guyyoon barattoota baayyee barfatanii yerootiin mana barumsaa ga'uu hindandeenye illee Farda isaa irra kaayatee yeroo inni farda isaa suksuksiisu barattoonni tokko tokko isa waliin fiiganii yeroo mana barumsaa eeguuf yaalii taasisu. Yeroon inni gulufu garuu barataan kamiyyuu isa waliin hinfiigu. Innis farda isaa baayyee sardaa waan ta'ef. Yoo inni suuta adeemuu garuu barattoota hedduutu isatti marsee waliin adeema.

Guyyoon ofisaatiin of danda'ee farda fe'achuus barateera. Duraan dursee farda isaa mukatti hidha. Achii fuulloo itti dira; itti aansee qomoo itti galcha. Achiin booda kooraa irra kaa'ee gillasa itti uwwisa. Dhuma irratti luugama farda afaan kaa'ee farda yaabbatee gara mana barumsatti ka'a.

Guyyoon farda isaa yaabbatee dallaa mana barumsaa seena. Mana barumsaa keessa margi lalisaan jira. Guyyoonis bakka margi lalisaan argamu kanatti farda isaa mukatti hidha. Kan inni mukatti hidhus wadaroo dheeraatiin. Sababani isaas farda isaa miila hiiqfatee marga dheeduufa akka itti toluuf.

Guyyoon guyyaa guutuu waan baratuuf fardi isaa dalla mana barumsaa keessa marga dheedaa oola. Yeroo saa'atiin laaqanaa ga'u Guyyoon farda isaaf bakka jijjiira. Yeroo baayyee farda isaa ilaaluuf baak jijjiiruu irratti hiriyoonni daree isaa isa gargaaru. Waardiyyoonni mana barnoota isaa jiranis Guyyootiin waan jaallataniifi kabaja guddaa kennuuf farda isaas nito'atuuf.

Boqonnaa 3: Dorgommii Guluffii Fardaa

Gaaf tokko mana barumsaa Guyyoofaa keessatti dorgommiin ispoortii fiigichaa taasifama ture. Dorgommii kana irrattis barattoonni dhiiraafi shamarran hirmaatanii turan. Barattoonni karaa Guyyoofaa irra adeemanii baratanis dorgommii kana irratti hirmaatanii turan.

Guyyoon yeroo dheeraaf dorgommii kana hiriyoota isaa waliin taa'ee daawwachaa ture. Haa ta'u malee Guyyootti gammachuun hindhaga'amne ture. Sababni isaas miilli isaa tokko waan hokkoluuf akka barattoota biroo dorgommii kana keessatti hirmaachuu waan hindandeenyeef. Guyyoon farda isaatti baayee boona.

Ispoortii irratti dorgomuu yoo barbaadeellee farda isaatti fayyadamuu qaba. Guyyoon taa'ee waa'ee farda isaa yaaduu jalqabe. Guyyoon farda isaa irraa tajaajila addaddaa argatee jira. Tajaajilli inni guddaan tajaajila geejibaati. Osoo fardi isaa hinjiraanne Guyyoon ariitin mana barnootaa hinga'u ture. Kanaaf farda isaa bayyee galateeffata.

Guyyoon dorgommii hinseeniin malee ispoortii fardaan gulufuu eenyu caalaayyuu barateera. Guyyoon haala si'a qabeessaan farda

yaabbaachuufi irraa bu'uu danda'eera. Farda suksuksiisuu, arfan fuusisuufi gulfsiisuu sirriitti beeka. Farda isaa dha'atee farda gara biroo bira darbuu danda'a. Kanaaf farda gulufsiisuutiin dorgommii keessatti hirmaadhee mo'achuun qaba jedhee murteesse.

Yaada isaa kanas hiriyoota isaa, barsiistota isaafi maatii isaa mariisise. Dandeettiifi fedhii Guyyoo waan beekanif namoonni inni mariisise hundi yaadaan isa deeggaran. Innis haaluma kanaan guyyaa ayyaana cuuphaa bakka namni gugsii fardaa taasisu irratti hirmaate. Dorgommii gugsii keessattis olaantummaa waan agarsiiseef namoota ajaa'ibsisaa oole.

Sana booda, Guyyoon gugsii fardaatiin beekamaa ta'e. Namoonniifi hiriyoonni isaa warri farda gulfsiisuu hinbeekene gara Guyyoo dhufanii gorsa isa gaafachuu jalqaban. Innis gammachuutiin mala farda dha'achuu itti hima. Warra sodaatus

nijajjabeessa.Guyyoon yaada isaa cimsachuun gombisa fardaa akka ispoortii tokkootti akka taasisaniif hiriyoota isaa walitti gurmeesse. Hiriyoota isaaf gorsaafi leenjiis kenne. Yaada isaafi kan hiriyoota isaa itti gaafatama mana barnootaa isaaniittis hime dorgommii farda gombisuu akka taasisan gaaffii dhiyeesse. Manni barnootaa isaaniis isaaniif hayyame. Haala kanaan, waggaatti ala tokko dorgommiin fardaa akkuma ispoortii biroo akka taasifamu murteessan. Dorgommiin gombisa fardaas haaluma kanaan mana barnootaa isaanii keessatti taasifama.

Mana barnootaa keessatti gombisa fardaa ilaalchisee rakkoon tokko yoo dhufe namni walga'ii waamu Guyyoodha. Rakkoo isa mudates furuuf walga'iirraa yaadaa addaddaa argata; yaada namootas kabajaan fudhatee sirriitti xinxalee ilaala. Barsiisota isaa irraa gorsa fudhata. Akkasumas, jarsolii naannoo irraa gorsa gaafata. Haala kanaan rakkoo isaan mudate hiika.

Barattoonni mana barumsichaa Guyyoo irraa waan baayyee baratan. Jalqabumatti hiri'inni qaamaa bakka yaadan ga'uuf gufuu namatti ta'uu akka hindandeenye Guyyoo irraa barataniiru. Guyyoon barattoo hir' ina qaamaa qaban baayyeef fakkeenya gaarii ta'eeraa. Kana malees, Guyyoon jaalala namootaa, horiifi uumamaaf qabu barattootafi namoota baayyee jijjiiree amala gaarii akka godhatan taasiseera. Barattoonni baayyeen fakkeenyummaa isaa hordofuun waan gurguddaa raawwachuu danda'aniiru.

Gaaffiiwwan Dubisuun Boodaa

Dubbisa armaan olii irratti hundaa'uun Gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Guyyoon guluffii fardaa yoom barate?

2. Farda gulufsiisuu Guyyoo eenyutu barsise?

3. Guyyoon hiriyoota isaa akkamiin gorse?